# Faayidaalee Fresh Bucks bara 2022 keessatti arggachuuf iyyannoo dhiheessaa!

## Iyyannoon lotarii hawaasaa Onkololeessa 11, 2021 irratti banama.

Onkololeessa 11 irra jalqabee hanga Onkololeessa 29 itti, faayidaalee Fresh Bucks bara 2022 keessatti arggachuuf iyyata dhiheessaa.

**Namni kamuu bara faayidaalee 2022 tiif iyyannoo galchuu qaba, yoo iyyataan maamilaa Fresh Bucks ammaa ta'u illee.** Iyyattoonni sarara irratti ykn bilbilaan iyyannoowwan galchuu ni danda'u akkasumas bal'inni kanneenii Onkololeessa 1 irratti SeattleFreshBucks.org irratti ni argamu. Odeeffannoon ittaanaan seera qabeessumaa murteessuuf ni barbaadama:

**Baay'ina namoota maattii tokko keessa jiran.**

"Maatii" jechuun iyyataa wajjin kan jiraatan fi baasiiwwan keessatti waliin kan qoodan namoota hundumtu jechuu dha. Hamamtaa maatii iyyataa yeroo baayee kan jijjiramau yoo ta'e, maaloo hamamtaa maatiichaa irra caalaa dhaabbataa kan ta'e ifteessaa.

**Gibiroota dura, galii maatii waliigalaa, yeroo ji'oota 12 darban keessatti.**

**Teessoo manaa ammaa.** Odeeffannoon kun sirritti galchamuu qaba ykn iyyannoo galchuu irratti dhiibbaa geessuu ni dandaa'aa. Iyyataan teessoo manaa yoo hin qabaanne, maaloo tessoo poostaa galchaa.

Iyyannoo hin baayyfamne seera qabeessa ta'aan hundinuu yeroo iyyaannoo lotarii hawaasaa keessatti kan fudhataman lotarii hawaasaa keessatti ni galchamu. Carraawwan iyyatootaa lotarii keessatti filatamun wajjin wal fakkaata, isaan sarara irratti ykn bilbila irratti iyyatan illee.

Fresh Bucks namoota seera qabeessaa faayidaalee Fresh Bucks akka argataniif galmeessuu dhaaf dhaabbattoota naannoo hawaasaa-irratti hundaa'anii fi kiliniika fayyaa wajjin miltoo dhaan hojjeta. Iyyataan dhaabbataa miltoo wajjin iyyannoo yoo galche, iyyannoo lotarii hawaasaa galchuun isaanif hin barbaachisu.

Gaaffilee qabduu? SeattleFreshBucks.org daawwadhaa ykn 206-684-2489 irratti bilbilaa.

Fresh Bucks | Seattle Office of Sustainability & Environment

Fresh Bucks Sweetened Beverage Tax kan magaala Seattle tiin deeggarsa godhamaa akkasuma Biroo Itti fufiinsa fi Naannooo Seattle (Seattle Office of Sustainability & Environment) tiin geggeeffama.

Oromo